STAY SAFE MN

Qo’annoo Dhiigaa Nobles County

Kutaan Fayyaa Minnesota fi aangawoonni gandaa naannoo Worthington qo’annoo akkaataa COVID-19 hawaasa keessa itti tatamsa’u caalaatti hubachuu barbaadu irratti waliin hojjechaa jiru. Jiraattonni naannoo carraa qorannoo dhiigaa, kan yeroo ta’e tokkotti COVID-19n faalamuu isaanii agarsiisu, argachuu ni qabaatu. Worthington bakkee hojii guddaa dhukkubi itti eegalee yammuu ta’u, lakkoofsi dhukkubsattoota COVID-19 guddaan Nobles County keessaa gabaafame.

- Nama umuriin isaa 7 fi isaa ol ta’e, kan Nobles County keessa jiraatu ykn achi keessaa hojjetu hundaaf banaadha
- Bilisa, baraarsa (inshuraansii) hin barbaachisu
- Mallattoolee COVID-19 qabaachuun isinirraa hin eegamu

Taateewwan dhufuuf jedhan

Qorannoo Dhiigaa Kutaa Fayyaa Minnesota (MDH)/’Nobles County’: Beellama qabadhaa
https://www.primarybio.com/r/nobles?locale=om

Waa’ee qo’annochaa

Wayita namni tokko COVID-19n qabamu, sirnoonni ittisa dhibee qaama isaa vaayirasicha ofirraa loluuf jecha farra qaamolee orma ta’anii horatu. Farri qaamolee ormaa, dhukkubichi hawaasa keessa hammam akka tatamsa’e guutummaatti caalchisee agarsiisuudhaan, namni sun mallattoolee agarsiisus dhiisus, dhiiga nama sanaa keessatti argama. Akka qaama qo’annoo kanaatti ragaan gaafannoodhaan walitti qabamu, sagantaalee qorannoo fi ittisaa daran xiyyeeffachuuf dhukkuboota namoota dhukkubaan qabamuuf carraan isaanii guddaa ta’e keessa turan adda baasuuf gargaara.

Namoonni COVID-19n qabaman tokko tokko mallattoolee laafoo agarsiisuu ykn mallattoolee dhabuu fi dhukkubichaan qabamuu isaanii illee ofirratti beekuu dhiisuu malu. Garuu namoonni vaayirasichaan qabaman hundi nama faaluu ykn vaayirasicha namoota haalota dhukkubicha namatti cimsanii fi du’aaf saaxilamoo ta’an birootti dabarsuu malu. Bakkeewwan biroo waliin wal bira yoo qabamu lakkoofsi namoota COVID-19n qabamanii inni guddaan Nobles County keessaa gabaafame. Kun immoo hubannoo saayinsaawaa COVID-19 fi tatamsa’ina isaa caalaatti mijjeessuuf bakkee gargaaruu danda’u isa taasisa.

Qo’annoon kun waa’ee wantoota namoonni gargaarsa hawaasaa fi ergaa of eeggannoo fooyyessuuf ni gargaaru jedhanii yaadanii fi itti dhaga’amu caalaatti baruuf nu gargaara. Kutaan Fayyaa Minnesota, dhiibbaa ulfaataa weerarri kun namoota bifa gurraachaa irratti qabu irraa ka’uudhaan qo’annoo kana karoorsuuf dhaabbilee hawaasaa naannoo waliin qindoomee jira.

Maaltu Akka Eegamu

- Qorannoon dhiigaa kun quba waraanuudhaan copha dhiigaa muraasa ujummoo xiqqootti fuudhuu of keessaa qaba. Kutaan Fayyaa Minnesota samuudni sun farra qaamota ormaa COVID-19 qabaachuu isaa qorata. Samuuda dhiigaa kana irratti qorannoo biraan hin taasifamu.

- Hirmaattonni gaafannoo gabaabaa tokko illee akka guutaniif gaafatamu. Afaan Ingilizii ykn Ispaanishii hin dubbattan yoo ta'e, namni afaan hiiku gaaffiiwwan sanniin isiniif ibsuu danda'a.
- Gaafannochi naannoo daqiiqaa 15 isinitti fudhata, guutummaan qo'annochaa ammoo sa'a tokko isinitti fudhata.

Waa'ee Bu'aa Qorannoo Keessanii

Qorannoon dhiigaa farra qaamolee ormaa kiyyaa negetiivii dha: Kun maal jechuudha?
Kana jechuun yeroo kamitti iyyuu COVID-19n qabamuu keessan wanti agarsiisu homaa dhiiga keessan keessa hin jiru jechuu dha. Kun tarii sababa isin COVID-19f saaxilamtanii ykn ittiin qabamtanii hin beekneef, ykn dhukkubni keessan baay'ee haarawa ta'uu irraa kan ka'e farri qaamolee ormaa dhiiga keessan keessatti mul'achuu hin geenye ta'uu mala.

Qorannoon dhiigaa farra qaamolee ormaa kiyyaa poozetiiviidha: Kun maal jechuudha?
Kana jechuun dhiigni keessan yeroo ta'etti vaayirasii koroonaa isa COVID-19 fiduun faalamuu keessan agarsiisa jechuudha. Haa ta'u malee, farra qaamolee ormaa qabaachuun keessan gara fuulduraatti deebitanii COVID-19n qabamuu irraa isin eeguu isaa yeroo kanatti akka nuti hinbeekne qalbeeffachuun barbaachisaadha. Gara fuulduraatti waa'ee kanaa daran ni hubanna jennee abadanna. Bu'aan qaamoleen ormaa poozatiiviin lakoofsa namoota qabamanii kan naannoo irratti dhiibbaa hinqabaatu.

Farra qaamolee ormaa yoon qabaadhe namoota biroo faaluu nan danda'aa?
Farra qaamolee ormaa yoo qabaattan garuu ammatti faalamtanii hin jirtan yoo ta'e, namoota biroo faaluu hin dandeessan. Farra qaamolee ormaa yoo qabaattan, gara fuulduraatti carraan qabamuu keessanii xiqqaa dha, kanarraa kan ka'e ammoo carraan warra kaan faaluu keessaniis xiqqaa dha, garuu dhugummaan kanaa hammam akka ga'u ammaaf hin beeknu.

Bu'aan qorannoo farra qaama ormaa poozetiivii ta'uun isaa namni sun dhukkubichaan hin qabamu jechuudhaa?
Qorannoowwan laabiraatoorii keessaa farri qaamolee ormaa gariin isaanii nama faaluu dhaabuu isaanii agarsiisu, garuu farrawwan qaamolee ormaa kun dhukkuboota warra sirrii irrattis wantuma walfakkaatu gochuu danda'uu isaanii hanga ammaatti hin beeknu.

Maddawwan

- Farra qaamolee ormaa COVID-19 qoratamuu (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/symptoms.html#antibody)
- Yoo Dhukkubsatoo Taatan: COVID-19 (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html)
- Jireenya Guyyuu fi Mo'annaa: COVID-19 (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/cope.html)

MINNESOTA

Kutaa Fayyaa Minnesota | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Qindeeffama gosa biraa gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa.

08/31/2020 (Oromo)